# DHUGAADHAAF DHAABACHUU



Barnoota 4ffaa Ebla 27, 2024







Museen lafa onaa keessatti bofa sibiila
diimaa muka irratti akka ol fuudhe, ilmi
namaas immoo akkasuma muka irratti ol
fuudhamuun in ta'a, Kunis ilma namaatti kan
amanu hundinuu jireenya bara baraa haa
qabaatuuf ta'a. -Yoh. 3:14,15

Daani’elii fi Mul’atni, gabatee yeroo Seexanni aangoo Siyaas-amantii fayyadamuudhaan, warra dhugaatti cichan ari’achuu fi balleessuuf hojjetu dubbatu.

Humni kun “dhugaa cabsa” (Dan. 8:12). Yeroo sanatti, “warra ogeessota keessaa kaan kufaatii isaaniitiin qoramanii calalamanii in qulleeffamu; dhumni wanta kanaas yeroo muramaa qaba, hamma sanatti immoo in tura.” — Dan. 11:35

Yeroo kana keessa – jaarraa dukkanaa keessa jechuudha – dhugaan gaaffii keessa seene. Garuu, namoonni dhugaadhaaf dhaabachuuf lubbuu isaaniis kennuuf kutatan kaa’anii turan.







- **Dhugaa gaaffii keessatti:**
  - Yeroo ari’annaa
  - Ari’atamuu keessatti amanamummaa
- **Dhugaadhaaf dhaabachuu:**
  - MQ qooduu: Waaldensoota.
  - Urjii haara’umsaa: John Wycliffe.
  - Amantiin kan jabaatan: John Huss fi kan biroo.

# DHUGAA GAAFFII KEESSATTI

# YEROO ARI'ANNAA

"Isa hundumaa gararraa jiru irratti in dubbata, ayyaana beekamaa, seera Waaqayyoos geddaruu in yaada; warra isa hundumaa gararraa jiruuf qulqullaa'an in dadhabsiisa; isaanis bara tokkoof, bara lamaaf, bara walakkaadhaafis harka isaatti in kennamu." — Dan. 7:25


| Yeroon ari'annaa karaa adda addaa sadiin ibsame | | |
|---|---|---|
| "bara, barootaa fi walakkaa baraa" (Dan. 7:25; 12:7; Mul. 12:14) | Guyyoota 1,260 (Mul. 11:3; 12:6) | Ji'oota 42 (Mul. 11:2; 13:5) |

Jechi "bara" jedhu, "waggaa" wajjin tokkumadha, jechi "baroota" jedhee Daani'el itti fayyadame immoo "bara lama" jechuu dha.

Wagga a 1 + Wagga a 2 + ½ waggaa = Wagga a 3 ½

Ji'oota 12 + Ji'oota 24 + Ji'oota 6 = Ji'oota 42

Ji'oota 42 × Guyyoota 30 = Guyyoota 1,260



Bara duriittis haa ta'u, yeroo ammaa, ji'i tokko inni sirriin isaa guyyoota 30 qaba:

Ji'oota 42 × Guyyoot a 30 = Guyyoot a 1,260

Ibsituun kun hundinuu yeroodhuma tokkicha agarsiisu: Guyyoota 1,260.

Qajeelfama "guyyaan tokko waggaa tokko" jedhuun (His. 4:6; Lak. 14:34), yeroon ari'annaa kun, seenaa keessatti waggoota 1,260 dheerata.

# YEROO ARI'ANNAA

"Isa hundumaa gararraa jiru irratti in dubbata, ayyaana beekamaa, seera Waaqayyoos geddaruu in yaada; warra isa hundumaa gararraa jiruuf qulqullaa'an in dadhabsiisa; isaanis bara tokkoof, bara lamaaf, bara walakkaadhaafis harka isaatti in kennamu."— Dan. 7:25

**Seenaa keessatti, waggoonni ari'annaa 1,260n Daani'elii fi Mul'ata keessatti ibsaman maal hammatu?**

**Yeroo mootummoonni siyaasaa 10 Room keessaa kaa'an (qomoo impaayericha weerare), mootummaan biraa tokko immoo ka'ee, warra kudhanii keessaa sadii galagalcha (Dan. 7:23-25).**



**Akkuma raajame, Waaqayyo bakka itti waldaa ishee amanamtuu gargaaru qopheesse: innis lafa onaa, bakka namni walirraa faffaca'ee jiraatu ture (Mul. 12:6, 14).**

**Yeroo ulfaataa fi ari'annaa keessatti, amantoonni amanamoon, jaalalaa fi eeggannaa Waaqaa jala dhokachuudhaan, dhugaadhaaf dubbachuuf jabaatanii dhaabatan (Faar. 46:1-3).**

**Carraa gadhee ta'ee, baayyonni gatii amanamummaa isaanii dhiigaan kaffalan.**

**Yeroo qomoon 3 (Heruli, Vandals fi Ostrogoths) kan barsiisa Ariyos (Arianism) hin gadhiifnu jedhan mo'aman, waldaan Roomaa aangoo siyaasaa qabatte**




Year 538

**Ajaja Naappooliyoniin, jeneraalli waraanaa Faransaay kan Baarter jedhamu, phaaphaasii hidhaatti akka inni gashu yeroo godhe, ol-aantummaan**



Year 1798



# YEROO ARI’ANNAATTI AMANAMUMMAA

“Michoota ko! Waa'ee fayyina walii wajjin qabnuuf duruma iyyuu isiniif caafuudhaaf dhama'aa utuun jiruu, amma amantii isa al tokkicha yeroo hundumaaf akka ta'utti warra Waaqayyoof qulqullaa'anitti dabarfame sanaaf akka loltaniif, caafee isin gorsuun giddiitti barbaachisaa ta'uu isaa argeera.” — Yih. 1:3



Waldaan Roomaa, aangoo siyaasaa deebitee argannaan, aangoo ishee sanatti fayyadamuudhaan, namni hundinuu barsiisa amantii ishee isa faalamaa sana akka fudhatuuf itti dhimma baati.

Kanatti dabalee, amalli manca’aan, geggeessitoota amantaa keessatti guddachaa adeemeera. Akka sabni aangoo isaa irratti hin fincilleef immoo, waan baayyee gati-jabeessa duraa fudhate: innis Sagalee Waaqaati.

Garuu raawwatee balleessuu hin dandeenye. Amanamoonni, barsiisa Macaafa Qulqulluutiin geggeeffaman, gorsa Yihundaa hordofuudhaan jabaatanii amantii isaaniif dhaabbatan. (Yih. 1:3).




Aangoo Sagalee Waaqaatiin guutamanii, sodaa malee barsiisa Sagalicha keessaa tamsaasan. Waadaa Mul. 2:10 keessa jiruun jajjabaachuudhaan, gonfoo jireenyaa akka fudhatan beekanii, hamma du’aatti amanamoota taa’anii dhaabbatan.

# DHUGAADHAAF DHAABACHUU

# MACAAFA QULQULLUU QOODUU: WAALDENSOTA

**“Phexrosii fi ergamoonni warri kaan garuu deebisanii, "Nuyi namaaf abboomamuu irra, Waaqayyoof abboomamuutu nu irra jira.”— HoE. 5:29**



**Peter Waldo (1140-1218), namni jedhamu, naggaadeen sooressi biyya Faransaay, qabeenya isaa hundumaatiin Kiristoos akka lallabamuuf kan kenne, sochii “Poor of Lyon” ykn Waaldensota jedhamuun beekamu hundeesse. Waadaa inni hiyyoomuuf seene Phaaphaasii Alexander 3ffaatu harkaa fuudhe.**

**Yeroo gabaabaa booda immoo, Francis namni magaalaa Assisi (1181-1226), innis hiyyoomuuf waadaa seene; waadaan isaas Phaaphaasii Innocent 3ffaa tiin mirkanaa’e; sochii Franciscan kan jedhamu hundeesse.**





**Yeroo sanatti, Phaaphaasii Lucius 3ffaan, duuka buutota Peter Waldo akka gantootaatti abaare. Haa ta’u malee, Firaansiiskaanota warri jedhaman, utubaa waldaa Roomaa ta’uutti yeroo dhufan, warri Waaldensotaa hamma lafarraa baduu gaa’anitti ari’ataman. Maaliif?**

**Sababii amanamummaa isaaniitiif. Warri Firaansiiskaanota jedhaman Phaaphaasiif yeroo amanaman, warri Waaldensotaa garuu barsiisa MQtiif amanaman.**

# MACAAFA QULQULLUU QOODUU: WAALDENSOTA

## Waaldensonni maaliin beekamu?



MQ yeroo jalqabaatiif Afaan isaaniitti kan hiikkatan turan (hamma sanatti, MQn Afaan Laatinii, Giriikii fi Ibrootaan qofa ture).



Macaafni Qulqulluun dhowwamaa waan tureef, basaastota phaaphaasii jalaa dhokatanii, holqa keessa taa’anii irraa galagashaa turan.



Yeroo hundumaa kutaa MQ harkatti qabatanii adeemu, yeroo carraa argatanitti, namootaaf qoodaa, abdii kennaafii, Gooftaatti jajjabeessu turan.



Dhugaa MQ waan beekan jaarraa dheeraadhaaf eeganii tursan. Amanamummaa fi o kennuu isaaniitiin beekamu.





Guutummaa madaroota kibba Faransaayii fi Kaaba Xaaliyaanitti namoonni argaman in amanan.



Mandaroonni kun baayyeen isaanii Phaaphaasiidhaan diigaman, namoonni achi keessa jiraatanis in dhuman.

# IBSAA HAARA'UMSAA: JOHN WICLEF

"Daandiin qajeelotaa akka ifa barii ganamaa, isa yeroo biiftuun baatee ol adeemtu, ittumaa ifaa ol adeemuu ti." — Fak. 4:18

John Wycliffe (1324-1384) jireenya isaa gara caalu, MQ gara Ingiliffaatti hiikuudhaaf kenne. Maaltu kana gochuuf isa kakaase? Sababoota lama: Kiristoos karaa dubbii Isaatii isa geeddereera; inni immoo jaalala Kiristoosiin warra kaaniif qooduu hawweera.

Namni MQ sirriitti qayyabatuu fi onnee Isaa geggeessaa Hafuura Qulqulluutiif banu, in geedderama (Ibr. 4:12).



Eeyyee, kun waldaa ishee beekamtuu wajjin walitti isa buuseera. Sababa aanga'oota biyya Ingilizii wajjin quba wal qabuuf, John harka waldattiitti ajjeefamuu ooleera.



Bara 1428tti, ambaan haaressitootaa gubamee daaraan isaanii lagatti gatame. Daaraan isaa inni bittinnaa'e, mallattoo hojii/ashaaraa isaatii ta'e.

Ifni xiqqoon John Wycliffe qabsiise, biyya Bohemia ga'e, achitti John Hus ashaaraa isaa fudhate. Akkasitti, dhugaan hamma bariin haara'umsaa bari'utti adeemee dhufe. Guyyaanis ibsuu jalqabe.

# AMANTIIDHAAN JABAATAN: JOHN HUSS FI WARRA KAAN

"Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu."— 1Yoh. 5:12

John Wycliffe boodaan haaressitoonni biroon in kaa'an:

Akka isaan haara'umsa isaanii geggeessanii fi rakkinaa fi du'a dura dhaabataniif maaltu jajjabina isaaniif kenne?


John Huss (1370-1415)


Jerome (1360-1416)


Tyndale (1494-1536)


Hugh Latimer (1490-1555)



- Waadaa Kiristoositti amanan
- Qorumsa isaanitti dhufe mo'achuuf, jabinni Kiristoos isaaniif kenne gaa'aa ture
- Dhiphina Kiristoositti hirmaachuu isaaniitiif gammadoo turan.
- Amanamummaan isaa biyya lafaatiif dhuga ba'umsa human qabeessa ture
- Har'a garasitti, egeree ulfina qabeessa argan.
- Duuti, diina mo'amaa akka ta'e baran.
- Waadaa Sagalee Waaqaatti cichan.

John Hus hidhamee, booda immoo mukatti fannifamee gubate. Mana hidhaa keessa taa'ee akkas jedhee barreesse: "Waaqayyo akkam araara anatti agarsiise, akkam dinqiittis na jiraachise."Waadaan Waaqayyoo saba Isaa warra darban akkuma jiraachise, nuunis har'a nu jiraachisa.

**“Akka sammuun isaanii isaan abboometti, warri guyyaa rakkisaa sana sodaa malee Waaqayyoon tajaajilan, jajjabina, ejjennaa jabaa, beekumsa Waaqaa fi Sagalaa Waaqaa isaan barbaachisa; warri Waaqaaf amanamoon, in ari’atamu, kaka’umsi isaanii akka sobaatti lakkaa’ama, dhamaatiin isaanii inni olaanaan gar-malee hubatama, maqaan isaaniis in hadheeffama. Seexanni dandeettii gowwomsuu isaatii fayyadamuudhaan, onnee irratti akkasumas hubannaa irratti duumessa geessisa. […] Hammuma amantiin saba Waaqaa jabaachaa fi qulqullaa’aa akkasumas Isaaf abbomamuuf kutannoon isaanii jabaachaa adeemu, hammuma sana aariin Seexanaa caalaatti, karaa warra qajeelota utuma ofiin jedhanii, seera Waaqaa dhiitanii ittuu hammaataa adeema. Amantii al takkaa qulqullootaaf kenname jabeessanii qabachuuf, amanannaa jabaa, kaayyoo hin mittiqne, qabaachuu isaan gaafata.”**

**EGW (The Acts of the Apostles, pg. 431.1)**